Botulism

Oromo

Minnesota Department of Health
Waraqaa waa'ee Baayooteereriisiim dhugaa hiimmtu/dubaatu 12/7/2005

# Bootaliizimin (Botulism)

## Bootaliizimin maali?

Bootaliizimiin summiidhan kan uumaamu dhibee du'an nama gahudha. Summiin bootaliizimi jedhu kun jarmii bakteeriyadhaan uumaamu. Summii – akka Bootaliinumi tooxiin (botulinum toxin) beekaama – Jarmiin ykn bakkteerian uumaama. Akka saaynsiin (science) beekuuitti summii cimaa isa dhumaatti.



*Nyaati manaatti qopha'ee qadaadame taa'e jarmii bootaliizimin qaba*

Bootaliizmin jechuun yeroo hundaa kan inni ilaalu dhibee daadaafiidhaan walaansa mana qorrichaa barbaadhuudha (medical emergency). Bootaliizimin (botulism) du'a fiiduu danda'a hidoota qaama namaa isaittiin namooni afuura baafaachuudhaaf dhimma ittiin ba'an (muscles) naafa gochuundhaan rakkina fida. Hata'u malee, waggootii darban 50 kana, waa'ee tajaajiilumaa gaariif akkata itti namooni dhibee bootaliizimin kanaan duu'an harka 50 (50 percent) keessa gara harka (8 percent) sadi gadi bu'eera.

Yoo wagga isa giduu galeesa ta'e fudhaane akka nama 110 niitu dhibee bootaaliizimin kanan biyya Ameerika (U.S.) keessattii qabamuun gabeessame.

## Akkaamiiti dhibeen Bootaliizimi (botulism) si irra gaha?

Jireenya namoota keessatti karaa sadiin namooni bootaliizimin qabaamuu dandaa'u:

- Nyaata (contaminated) summiidhaan makaame manca'e naachuudhaan
- Summiin madaa uumudhan qaama keessatti jarmii (bacteria) fidu dhaqnna huba.
- Da'imni yeroo (baby) nyaatoota ykn dhugaati spoorsi jarmii (spores of bacteria) – qabuuttii dhimma ba'ani, qaamni jara riifate ciimuun ykn jabaachuun guddachu dadhabanaa fi baayachu hanqina irraan gaha.

Akkasumas summii bootaliizim (botulism) akka meesha nama miidhuu itti dhimma baa'amuun ni dandaa'ama jedhamee amaanaama – yoo bootaliiziimiin beeka nyaata keessa, ykn qileensa keessatti gadi dhiisani yoo namooni qileenssa keessatti gadi dhiisani, nama gaga'a.

## Maaliin miiliikiitoonni/malaattoon bootaliizimin?

Malaatoon bootaliizimi gati walfakatau ykn tokko ta'eef akka dhibeen kun nama ta'eef akka dhibeen kun nama qabu baruun rakkissadha. Yeroo tokkootti waalama nama agaarsiisa (double vision), akka gaarii itti waa argu dadhaabuu (blurred vision), nyaarrii namaa gadi buu'u (dropping eyelids), loqoduu (slurred speech), liqimsuu dadhabuu (difficulty swallowing) gogiinsa afaanii (dry mouth), fi dhadhabbii irree qaamaa (muscle weakness). Daa'immaan dhukkuba bootaalism qaban dadahbbitu irraa mul'ata; hamilee nyaataa hin qaban; garatu isaan goggoga; akkasumas sagalee human hin qabne laafaa dhaan boohan. Kun hundinuu mallattoo laamshawiinsa irree nafaa kan summiin sun fidu agarsiisa. Yoo wal'aansa malee turan, namootni dhukkuba bootaalismii-n qabaman, laamshawiinsa: irree harkaa/miillaan/qaamaa fi hidda haffura baafannaaf itti dhimma bahan namatti fida.

MINNESOTA MDH DEPARTMENT OF HEALTH
Communications Office
625 North Robert Street
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
(651) 201-4989
www.health.state.mn.us

# Bootaliizimin – Fuula 2

Yeroo bootaliizimin nyaata manca'e irraa kan kaa'e yoo ta'e, miliikiitooni/malatooni isaa saa'atoota 18-36 giduutti argaamu. Haata'u malee, miillikiitooti kuni saa'attoota ja'a booda argaamuu ni maalu-ykn guyyaa 10 booda argaamuu ni maalu.

## Dhibeen bootaaliizimin nama biro irra si qabuu ni danda'a?

Lakkii/Waa'uu. Bootaliizimin summiidha Bootaliizimini waan jiraata ta'een gati hin uumamneef nama tokko irra nama biraatti darbu hin danda'u.

## Bootaliizimin walaanamu ni danda'ama?

Dhibee bootaliizimin kamiif iyy gargaarsi hospiitaala keessatti godhamu gargaarsa isa ciimadha (intensive supportive). Kunis tari akka namni dhibaame kuni affuura isaa baafaatuu dandaa'uuf. Yoo dhibeen kuni dadaafiidhaan beekame, walaansi qoriichaa ni jira yeroodhan yoo qoricha fudhateme rakkina summii bootaliizimin dhufu hambisu ni danda'ama. Haata'u malee qorichi kun da'amani hin keenamu. Garuu tarkaanifooni fudhaatamuu malu summi daa'iimooni suni nyaatan isa nyaata daaku/dhagaa gargaaru (digestive system) garaa isaan keessa harkiisani summi sana baasuudha. Yeroo namooni dhibee bootaliizimin kan isa madaa irra uumame ta'e summicha madaa sana baqaasuun keessa baasu.

Bootaliizimin baayyee waan ta'eef fayyiuun torbaan baayee ykn jia'a baayee fudhachuu danda'a. Dhibee bootaliizimin irra kan dhufu akka afuura baafachuu nama dhorku ykn kan nama dadhabsiisu irra fayyuun bara baayee nama fudhata.

## Akka balaan bootaliizimin nama hinqabne dhorkuun ni danda'am?

Dhibee bootaliizimin akka ummata hinqabineef kan irra ittisu kitiibaatiin hinjiru. Yeroo tokko tokko kitiibaatii isa qoraanoon irratti godhama jirun (experimental vaccine) dhimma baa'uudhan hojjeetoota labooratoory (laboratory) keessa hojjeetaani fi hojjeetoota looltu waraana isaan irra ittisuuf dhimma baa'ama. Nyaata irra kan dhufu dhibeen bootaliizimin yoo nyaata akka gaari itti qabuu yoo tataafaatan rakinii kun ittifaamuu ni danda'ama – keessattiiyyuu mana nyaatooli qorqooroo/xaasa (canned foods) keessatti galchaani cufuudhaan yammuu qopheesan eeggannoo godaa barbaachisa. Dai'imoottiin (infants) jia'a 12 gadi jiran dammaa (honey) nyaachiifamuun irra hinjiraatu, sabaabiu isa spoorsii (spores) isa jarmii (bacteria) bootaliizimin qabu waan danda'aniif.

## Maaliif bootaliizimin meesha shoroorekeesiituu ta'uu danda'a?

Summiin inni jarmii bootaliizimin (botulism bacteria) irra hojjeetamuu kan nama ajeesuu garmalee hamaadhaa. Jarmiin kuni akka sulpha itti hojjeetame bakka tokko gara bakka birootti akka sulpha itti deemuu dandaa'a. Yoo bootaliizimin baayifaamee gadi dhiifaame rakkoo gudddaa yookaan jeeqama gudaa hojii fi jireenya ummata irratti uumuu dandaa'aa.

Bootaliizimin itti akka meesha loola itti dhima ba'uun kan yaalame loola Aduunya II (World War II) jalqabeeti. Erga bara 1970 jalqabee bootaliizimin saboonni tokko tkko hojjeetaniiru akka meeshaa loola itti dhimma ba'uuf ykn hojjeetaa jiru jeedhamee amaanama – Kuni eegaa dandeetti akkaata itti akka meeshaatti dhimma itti ba'aamu jechuudha. Biyya Jaapaani keessa kan jiraatan amaantii qajeela hintaane (religious cult) summii bootaaliizimin qileensa keessatti magalaa Tokyo bakka adda adda itti yeroo sadii bara 1990 fi 1995 giduuttii gadi dhiisuudhaaf yaalaniiru.

## Yoo ani dhibee bootaliizimin kana qaba jedhee yoon shaakke maal gochuun nara jira?

Yoo miliikiitoota/malaatoota dhibee bootaliizimin kamii'iyyu, dadaafiidhan dokktoora argi. Akkasumas Seera fi Nagaa Eegduu Naanoo kee jiran qunami ykn hawaasa kee keessatti deemaa kan jiru akka bootaliizimin (botulism) itti dhimma ba'uuf – ykn kammii'iyyu ta'e biooloogiikal eejeenti (biological agent) – akka meeshaa dhimma ba'aamuuf yoo yaadame. Laakaan fi fudhu.